## HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdii akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuuraa
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To'annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sammuu
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba sooorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

## Buufata Qorannoo HIV kan TOLAA

| | |
|---|---|
| SAYFSM ---------------------------- | 651-644-3983 |
| JustUS Health ----------------------- | 612-341-2060 |
| Red Door----------------------------- | 612-543-5555 |

## Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eeggateen qorannoo dhiigaa taasisa.



Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti.

**Teessoon Keenya:**
SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

**KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!**

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
____$25 ____$10 ____$5 ____kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

---

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu

Sub-Saharan African Youth & Family Services in Minnesota
S A Y F S M


Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM), Afiriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miiraa aadaa fi afaaniifis mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa kenna.

# Mbiu

Barruulee SAYFSM Issue 17/September 2021 St. Paul, MN

651-644-3983 www.sayfsm.org info@sayfsm.org

# HIV waliin gaariitti jiraachuu: Muuxannoo kiyyaa qooduu



Dhaladhee kanan guddadhe Baha Afiriikaa keessatti dha.Bara 1979 mucummaa kootti biyya koo gad dhiisee kanan deeme yoo ta'u, bara 1981 ammoo biyya ba'uudhaan koolu galtummaa argachuudhaaf gara biyya Faransaayiinan deeme. Bara 1989 Kibba Faransaayi Magaalaa Bufata galaanaa keessatti yaalii qorannoo fayyaa taasisuuf yeroon deemetti HIV posatiivii akkan ta'en hubadhe. Jiraachuufis abdii akkan hin qabnetu natti dhagahame. Yeroo sanatti namni HIV waliin jiraatu umurii waggoota shaniitiin ol jiraachuu akka hin dandeenyettan yaadan ture.

Kanaafis, guyyoonni ani jiraadhu muraasa ta'uun isaa natti dhagahamuudhaan kanaan boodatti abdii jiraachuu akkan hin qabne yaaduudhaanan ba'ee deeme. Haata'u iyyuu malee, yeroo na hafan hunda haala fooyya'aa ta'een fayyadamuun murteesse. Haaluma kanaanis, dhiphinaa fi sodaa of irraa fageessuudhaan yeroo muraasaaf jireenya gammachuudhaan guutame jiraachuuf nan yaale. Haqa jiru ifa baasuu fi taateewwan kamiif iyyuu ofii koo qopheessuun murtoo taasise. Akka carraa ta'ee, ammas taanaan wal'aansoo ittiin qabuudhaan kan naaf kaa'ame irraa waggoota shan jiraachuu danda'eera.

Kanan jiraadhu biyya gara dhihaa keessa namoonni waa'e dhimma kan ofii isaanii kan yaadanii fi waa'ee jireenya dhuunfaa kan namoota biroo dhimma ittii kan hin qabaanne ta'uu irraan kan ka'e, sababa haala HIV/AIDS kiyyaatiif hawaasa keessaa addaan baafamuu fi dhiibbaan addaa anaan hin mudanne. Haala kana irratti, jireenyi kiyyaa ol ka'uu fi gad bu'uu isaa keessatti, utuu addaan hin kutin kan na cina dhaabbachuudhaan na deggeran maatii fi hiriyootan qaba. Isaaniif akkasumas, dokteerota karaa yaalii fayyaa fi kan saayikoloojii kan na deggeraniif galatan qaba.

Haadha kiyyaa kan Minnesotaa jiraattu daawwachuuf 2009 irraa eegalee yeroo garaa garaatti biyya Ameriikaa daawwadheetan jira. Yeroo daawwannaa sanatti namoota vaayirasii HIV/AIDS (PLWHA) waliin jiraatan, addumaan ammoo hawaasa Afiriikaa warra godaantota gargaaruu fi dhiheessuuf hojjetan karaa toora interneetaa nan ilaallan ture. Yeroo daawwannaa interneetaa kanatti kan ani Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM), baruu danda'e. Hiriyaa kiyyaa waliin waajjira SAYFSM daawwachuudhaan dhumarattiis Minnesotaa keessatti koolu galtuu ta'ee jiraachuu ergan eegalee booda bara 2014 maamila ta'e. Waa'ee SAYFSM fi hojjetootaatiif oolmaa guddaatu anarra jira. Yaalii mataa kiyyaa akkan isaaniif qooduu fi shariikota kiyyaa- PLWHA waliin akkan dudubbadhuuf haala naaf mijeessuudhaan na gargaaranii jiru. Jireenyi kiyyaa fooyya'aa fi bifa posatiiva ta'een akkan geggeeffachuu danda'uuf kan ana gargaaran tajaajila fayyummaa sammuu fi kan saayikoloojii naaf gumaachanii jiru.

Haala qilleensaa giddu galeessa ta'e kan Kibba Faransaay keessaa waanan dhufeef haala qilleensaa tibba gannaa kan Minnesotaatti baruudhaaf natti ulfaatee ture. Faransaayitti kan argaman hiriyoota kiyyaa fi hidhata hojii kiyyaa nan yaadan ture; dabalataanis yeroo tokko tokko manaa ba'uun natti hin tolu ture. Haata'u iyyuu malee, harmee kiyyaa quunnamuu fi waliin jiraachuu kiyyaatiif ani gammachuun qaba. Hojiiwwan miindaa gaarii argachiisan argamuu fi gahumsi isaanii biyya Faransaayiin gadi dhiisee ba'uu kiyyaatiin waantota na duraa hafan bakka naaf buusee jira.

Waa'ee HIV/AIDS waliin jiraachuu kiyyaa akkan beekeen haalota jireenya koo miidhuu danda'an akkasumas, dhugaatii alkoolii fi gamshaa xuuxuu yarsuun eegale. Kana gochuu kiyyaatiinis rakkoowwan fayyummaa kan infekshinii HIV/AIDS –tiin dhufan hambisuuf na fayyadeera. Dabalataanis, haala soorata kiyyaa jijjiireen jira. Kuduraa fi fuduraa ho'aa soorachuun eegaleera. Akkasumas, sochii qaamaa idilee ta'e hojjechuun eegale. Isaan kana irratti dabaluudhaanis, ajaja dokteera kiyyaa irratti hundaa'uudhaan yeroo hundumaa, osoo gargar hin kutin qoricha koo nan fudhadhan ture. Furtuun jireenya fayyaalessa ta'ee kan namoonni HIV waliin jiraachuu dhanda'anii (PLWHA): ilaalcha posatiiva ta'e fi ilaalcha jireenya dansaa ta'ee qabaachuu dha. Sammuu ofii hojii fi jireenya hawaasummaatiin qabuunis bu'a qabeessaa dha.

> Furtuun jireenya fayyaalessa ta'ee kan namoonni HIV waliin jiraachuu dhanda'anii (PLWHA): ilaalcha posatiiva ta'e fi ilaalcha jireenyaa kan dansaa ta'ee qabaachuu dha.

Firoottan kiyyaa warra PLWA ta'aniif dhaamsi ani qabu abdii kutannaa fi dhiphachuu dhiisuudhaan jireenya dhiphina irraa bilisa ta'e akka jiraatanii dha. Dhaamsi ani dargaggootaaf qabu: waantota HIV/AIDS –tiif isaan saaxilan kanneen akka wal-quunnamtii saalaa eeggannaa hin qabne, marfee sammuu adoochuu fudhachuu fi dhugaatii alkoolii cimaa ta'e fudhachuu hir'isuu ykn ammoo gonkumaa dhiisuu qabu. Ofii isaanii HIV/AIDS fi COVID-19 irraa eeguu qabu. Ofii isaanii dhibee COVID-19 irraa eeguf jecha wal irraa fageenya hawaasummaa hojiirra oolchuu fi haguuggii fuulaas uffachuu kan qaban ta'a.



## Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa Balaaleffannu

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan , sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta'e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu tuttuqqaadhaan, gororaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, qufaadhaan, ykn tuttuqqaa salphaa ta'e kamiin iyyuu hin faca'u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala'aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala'aa qaama hormaata dhalaa, dhangala'aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasii HIV posatiiv.



## HIV qabaachuu keessan akkamiin beekuu dandeessu?

HIV waliin jiraachuu keessan adda baafachuuf karaan tokkichi qorannoo fayyaa taasisuu dha. Namoonni HIV waliin jiraatan baay'een erga dhibee kanaaf saaxilamaniin booda mallattoon isaa osoo isaan irratti hin mul'atin waggoota dheeraaf jiraachuu danda'u. Kanaafuu, miira isinitti dhagahamuun HIV waliin akka jiraattan beekuu hin dandeessan. Karaa sirriin isin ittiin beekuu dandeessan tokkichi qorannoo fayyaa taasisuu qofaa dha.

Wal-quunnamtii saalaa eeggannaa hin qabne raawwattanii yoo jiraattaniif ykn bahiin qorannoo fayyaa kan hidhata keessan posatiiva yoo ta'e, qoratamuun gaarii dha. Dabalataanis, limmoowwan (kan akka limmoo qoricha sammuu adoochuu, huruuf akkasumas taatuu qaamaa gochuuf kan gargaaran dabalatee), eenyu waliin iyyuu qooddattanii yoo jiraattaniif qorannoo fayyaa taasisuu qabdu.

HIV posatiiva yoo taatan, fayyummaan turuuf, akkasumas carraa vaayirasii HIV nama biraatti daddabarsuu keessanii yarsuuf qoricha gargaaran fudhachuu eegaluuf jecha beekuun barbaachisaa dha.

HIV waliin jiraachuu keessan beekuun sodaachisaa fi dandammachuufis rakkisaa ta'uu danda'a. Hojjetoonni SAYFSM gaaffii keessaniif deebii kennuudhaan sodaa keessan furuu danda'u. Qorannoo fayyaa osoo hin taasisin dura, hojjetoonni SAYFSM bahii qorannoo negatiiva ykn posatiiva ta'e jechuun maal akka ta'e hubachuu akka dandeessaniif isin gargaaru. Bahiin qorannoo keessanii posatiiva yoo ta'eef, nagummaa keessaniif namoota isin amanuu dandeessan irraa deggersa argachuun keessan barbaachisaa dha. SAYFSM gumii deggersa miiraa kan kaffaltii irraa bilisa ta'e; kunis maal keessa akka darbaa jiran namoota beekan waliin iddoo isaan itti haasa'uu danda'an yoo ta'u, tajaajila gorsaa fi deggersa fedhii bu'uuraas ni gumaacha.

### HIV/AIDS waliin kan jiraattan yoo ta'e, tajaajila tolaa kanneeniif SAYFSM quunnamuu dandeessu

- deggersa kan mana jireenyaa, meeshaalee waajjiraa, meeshaalee mana keessaa, soorata, uffannaa, hojii;
- referaala gara kilinikootaa, dhiheessii fayyummaa sammuu, tajaajila seeraa, kutaawwan ESL(Ingliffa akka Afaan Lammaffaatti);
- deggersa turjumaanaa akkasumas kan hiikaa afaanii; fi
- geejiba kan gara iddoo beellama yaalii fayyaatti geessu.

*Tajaajilli kan SAYFSM bilisa, iccitaawwaa fi murtii kan dabarsan miti.*
*Biyya dhalootaa, aadaa, afaanii fi amantaadhaan osoo hin qoodin Afiriikaanota hundaaf tajaajila ni kennina.*

